

## IBSA ODEEFFANNOO TALAALII

# Talaallii Infuleenzaa (Flu) (vaayiresichaa dadhabsiisuun ykn wal simsiisuu): Maal beekuu barbaadduu

Many Vaccine information Statements are available in Spanish and other languages. See [www.immunize.org/vis](http://www.immunize.org/vis)  
Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite [www.immunize.org/vis](http://www.immunize.org/vis)

## 1 Maalifan talaallii talaalamaa?

Infuleenzaan dhukkuba daddarboo (“flu”) wagga waggaadhaan Ameerikaa keeessatti tatamsa’u yoo ta’u, keessumattuu ji’ a Onkoloolessaafi Caamsaadha.

Infuleenzaan kan nama qabu vaayirasi infuleenzaatiin ta’ee, keessumattuu kan daddarbu qofaasisuudhaan, haxxiffachiisuufi wal tixxuquudhaan.

Namni kamyuu infuleenzaadhaan qabamu ni danda’ a. Infuleenzaan akka tasaa nama qabatee guyyoota heddu turuu ni danda’ a. Mallattooleen umuriidhaa gara umuriitti kan geggeddaramu ta’ee kan dabalatuu danda’ u:

- O’ a qaamaa/dhaamochuu
- Qoonqoo madaa’ uu
- Maashaa hooksisuu
- Dadhabpii
- Qofaasisuu
- Boowwoo mataa
- Qilleensi kan kaase ykn funyaan kan simatu

Infuleenzaan dhukkuba sombaafi faalama dhiigaas ni qaqqabsiisa, akkasumas teessisuufi bubbutamuu/ hollachuudaa’ immaa ni qaqqabsiisa. Yoo rakkina fayyaa kan qabdu ta’ e, kanneen akka dhukkuba lapheefi sombaa, infuleenzaan baay’ ee hammaataa taasisuu danda’ a.

Infuleenzaan namoota muraasaaf baa’ yee hamaadha Daa’immanifi ijoolleen, namoonni umuriin isaanii wagga 65 ta’ eefi isaa olii, shamarran ulifi fi namoonni rakkinoottaa fayyaa muraasa qaban ykn sirna dandamanna dadhabaa kan qaban rakkina guddaa keessa jiru.

Ameerikaa Keessatti wagga waggaadhaan **namoonni kumataamaan lakkaawwaman infuleenzaa**, irraa kan ka’ e kan du’ an ta’ ee hedduun isaaniimmoo wallaansa hospitaalatti argatu.

### Talaallii infuleenzaa kanneen raawwachuu ni danda’ a:

- Inguleenzaan akka si hin qabne gochuu ni danda’ a.
- Argattee gochuu kan dandeessu yoo ta’ e, infuleenzaan hamaa akka hin taane ni taasisa, akkasumas,
- Infuleenzaa maatii keettiifi namoota biroottis akka hin dabarsine ni taasisa.

## 2 Stalaallii infiluuweenzaa dadhabsiisuu fi walitti simsiisuu

Yaaliin talaallii infuleenzaa waqtii infuleenzaa kamyuu kan gorfamuudha. Daa’imman jii’ oota 6 hanga wagga 8 jiran wayita waqtii infuleenzaa wal fakkaataatti qoricha lama

fudhachuu qabu. Namni kamyuu waqtii infuleenzaa tokkotti qoricha tokko fudhachuu qaba.

Talaallii infuleenzaa muraasni meerkurii hamman baay’ ee xiqaqa ta’ e kan qabu yoo ta’ u kunis tiimooreesaal jedham. Tiimooreesaal talaallii hamaa ta’ uu isaa qo’annaan hin ibsu, yaa ta’ u malee talaalliiwwan infuleenzaa tiimooreesaal hin qabne ni jiru.

Daddarba infuleenzaa keessa vaayirasiin infuleenzaa hin jiru.  
**Infuleenzaa hin qaqqabsiisan.**

Gosoota vaayirasi infuleenzaa hedduun kan jiru yoo ta’ u, yeroo hundaa kan jijiiramanidha. Wagga waggaadhaan talaallii infuleenzaa haaraan waqtii dhufutti vaayirasiwwan sadu ykn afur dhukkuba qaqqabsiisu danda’ an ittisuun danda’ an ni qophaa’ u. Yaa ta’ u malee, yoo talaallii kallattiidhaan vaayirasoota kanaan wal simuu baatan, ittisa muraasa gochuu ni danda’ u.

Talaallii infuleenzaa hin ittisu:

- Infuleenzaan vaayirasiidaan dhufan talaalliidaan haguuguun hin danda’ amu, ykn
- dhukkuba infuleenzaa fakkaatan garuu kan hin taane.

Ittisuun talaallii fudhatamee guddachuudhaaf gara torbeewwan 2 ni fudhata, akkasumas ittisuun hanga waqtii infuleenzaatti kan itti fuufuudha.

## 3

## Namoonni muraasni talaallii kana hin fudhanne

Nama talaallii isiniif kennutti himaa:

- **Dhukkubba hamaa, lubbuu miidhuu danda’ u yoo qabaattan.**  
Erga talaallii qoricha infuleenzaa, miidhaa lubbuu miidhuu danda’ u yoo isin muudate, ykn qamaa talaallii kan irraa miidhaa hamaa kan qabu yoo ta’ e, talaallii akka fudhatten hin taasifamu. Hedduun, garuu hunda isaa osoo hin taane, Talaallii infuleenzaa hedduun pirootinii killee hamma muraasa ta’ e ni qabaata.
- **Yoo tarrii rakkoo amala Guuliyaan Baarriin qabamtaniittu ta’ e (GBS jedhama).**  
Namoonni muraasni seenaa GBS qaban talaallii kana hin fudhatan. Kuni Doktara/Ogeessa fayyaa keessanii waliin kan irratti mari’ atamu ta’ a.
- **Miirri gaariin kan isinitti hin dhagahamne yoo ta’ e.**  
Dhukkubbii muraasa kan qabdan yoo ta’ e talaallii infuleenzaa fudhachuu isii irraa eeggama, yaa ta’ u malee, erga fayyitanii booddee deebitanii akka dhuftan ni gaafatamu.



U.S. Department of  
Health and Human Services  
Centers for Disease  
Control and Prevention

**4**

## Miidhaalee wal nyaatiinsa talaalliiwanii

Qoricha kamiyyuu waliin, talaalliiwan dabalatee, carraan wal simanna ni jiraata. Kunneen yeroo hedduu muraasaafi ofiisaaniif deemuu ni danda'u, yaa ta'u malee simannaan cimaan illee ni barbaachisa.

Namoonni talaallii infuleenzaa fudhatan rakkina isaa hin qaban.

**Rakkinoota muraasa** talaallii infuleenzaa fudhachuun kan dabalatu:

- Dhukkubbii, diimachuu, ykn iddo qorichi kennameen dhiita'u
- Rakkoo harsassee
- Dhukkubbii, diimachuu ykn ija kan hooksisu
- Qofaasisuu
- ho'a qaamaa
- Hooksisa
- Boowwoo mataa
- Hooksisuu
- Dadhabbi

Rakkinooni kuni yoo muudatan, qorichi kennamee guyyaa 1 ykn 2 booddee kan jalqabu ta'a.

**Rakkinooni baay'ee hedduu ta'an** qoricha fudhachuudhaan wal qabatee kan dabalatu kanneen armaan gadiiti:

- Talaallii infuleenzaa vaayiresicha dadhabsiisanii booddee rakkina Guillain-Barré Syndrome (GBS) muraasa qaqqabsuu ni danda'a. Rakkinichi namoota miiliyoona talaallaman keessaa 1 ykn 2 irratti muul'achuu ni danda'a jedhamee tilamaama. Kunis infuleenzaa irraa rakkina wal xaxaa baay'ee muraasa ta'etu kunis talaallii infuleenzaan ittisuun ni danda'ama.
- Daa'imman qoricha infuleenzaa talaallii pneumococcal (PCV13) ykn /fi DTaP waliin fudhatan miidhaa boowoodhaan dhufuuf carraan saaxilamuu isaanii muraasa. Odeeffannoo dabalataaf Doktara/Ogeessa Fayyaa Keessan dubbisaa. Daa'imni talaallii infuleenzaa fudhatte qabamuu ishee Doktara/ogeessa fayyaa keetti himi,

**Rakkinoota talaalliin kamiyyuu erga fudhatamee booddee qaqqabuu danda'an.**

- Namoonni yeroo tokko tokko adeemsa yaalaan booddee, talaallii dabalatee ni dadhabu. Daqiiqaawwan 15 taa'uun ykn tasgabbaa'uun dadhabbiifi miidhaa kufuudhaan dhufu ni hambisa. Dhiphinni, ykn muul'anni jijjiiramuu ykn gurra keessaa iyyuun kan sitti dhagahamu yoo ta'e Doktara/Ogeessa fayyaa keessanitti himaa.
- Namoonni muraasni yeroo tallaalliin kennamutti gateettii irrattiifi ciqileen akka fedhatti akka hin sochoone ni taasisa. Kuni darbee darbee ta'a.
- Qorichi kamiyyuu miidhaa mijataa hin taane qaqqabsiisuu ni danda'a. Ta'iin akkasii kuni talaallii irraa darbee darbeeti, kunis hamma miiliyoona keessaa 1, ta'ee talaalliidhaan booddee daqiiqaawwn muraasaa hanga sa'atiwwan muraasaa gidduutti kan raawwatuudha.

Akkuma qoricha biroo, talaalliin miidhaa hamaa ykn du'a qaqqabsiisu baa'yee muraasa.

Qulqullinni talaalliiwanii yeroo hundaa ni eeggama. Odeeffannoo dabalataaf: [www.cdc.gov/vaccinesafety/](http://www.cdc.gov/vaccinesafety/)

**5**

## Wal nyaatiinsi addaa yoo jiraate maal fa'aa?

**Maalaan barbaadaa?**

- Dhimma si ilaallatu ilaali, kanneen akka mallattoo miira dhukkubbii mijataa hin taane, ho'a qaamaa hamaa, ykn amala hin baramne.

Mallattooleenadanyoo miira dhukkuba hamaa ta'anii kan dabalatu adda bahuu, fuulliifi qoonqoon dhiita'u, rakkina hargansuu, dhahannaa onnee saffisaa, jeeqamuufi dadhabbiidha. Kuni kan raawwatu talaalliidhaan booddee daqiiqaawwan muraasaafi sa'atiwwan muraasaa booddee ta'a.

**Maal gochuutu ana irraa eeggama?**

- Yoo dhukkuba adanyoo hamaa ykn tasaa turuun hin danda'amne ta'e, 9-1-1 irratti bilbilaafi namicha gara hospitaala dhiheenyaatti geessaa. Ta'u yoo baate, Doktara/Ogeessa fayyaa keessan waamaa.
- Bu'aan isaa Sirna Miidhaa Yeroo Talaallii (VAERS) kan gabaafamu ta'a. Doktarri/ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana guutu ta'a ykn ofi keessaniiif weebaayitii [www.vaers.hhs.gov](http://vaers.hhs.gov), ykn 1-800-822-7967 bilbiloohdaan guutuu dandeessu

VAERS tajaajila gorsa yaalaan hin kennan.

**6**

## Sagantaa Beenyaa Talaallii Miidhaa Biyyooleessaa

Sagantaan Beenyaa Miidhaa Talaallii Biyyooleessaa (VICP) namoota talaalliiwan muraasaan miidhamaniiif beenyaa kenuuifidhaaf hundeffame sagantaa Feederaalaati.

Namni talaalliidhaan miidhamuu isaa amanu waa'ee talaalliiifi waa'ee gaaffii guutuu 1-800-338-2382 bilbiloohdaan ykn weebaayitii [www.hrsa.gov/vaccinecompensation](http://www.hrsa.gov/vaccinecompensation). Beenyaa gaafachuu yeroon kan daangeffamudha.

**7**

## Akkamittan hedduu barachuu danda'aa?

- Nama kununsa fayyaa siif dhiyeessu gaafadhau Inni ykn isheen golga talaallii seenu isiniif kenna/kenniti ykn madda odeeffannoo biroo kallatii isiniif kenna/kenniti.
- Qajeelcha fayyaa ganda ykn bulchiinsa keetii dubbisi.
- Giddugala To'annaafi Itisa Dhukkubaa (CDC) qunnamii.
  - 1-800-232-4636 (1-800-CDC-INFO) bilbilaa yokiin
  - Odeeffannoo dabalataaf [www.cdc.gov/flu](http://www.cdc.gov/flu)

Vaccine Information Statement

Inactivated Influenza Vaccine - Oromo

08/07/2015

42 U.S.C. § 300aa-26



Translation provided by Minnesota Department of Health